# 35-A. BULCHA KAIMTICH DUREESA

**Matayo 19:16-26 (& Luka 18:18-30, Mariko 10:17-27)**

Gaafa toko, namichi toko Yesoti d'ufe waan jed'e, “Aabbo, anini waan dansa akami tolchu male aka jireenna hegeri argad'u?”

Yesoni waan jed'eeni, “Waan dansaa maafi na gaafatta? Nami dansaani toko ch'alla. Yo jireenna argachu feete, seera ch'ufa guuti.” Namichi kaani waan jed'eeni, “Seera kami?”

Yesoni waan jed'eeni, “Inijeesiini d'iirafi nad'eeni wolbarate gaarayu wolintolfatini; inhatiini; inkiyyibiini; abbeetiifi haateti saalfad'u oboleesa kanke aka ufi jaalatu jaalad'u.”

Namichi kaani, “Anini seera kana ch'ufa ya guute; wonti d'ibiini anini tolchu male maani?” jed'eeni. Yesoni waan jed'eeni, “Yo d'uguma qit'e tahu feete, waan qabdu ch'ufa gurguri, hiyyeeyi qoodi, duuba durooma gubba argatta, kooti na gula deemi.”

Namichi kaani waan kana d'agaye jennaani aka hama lalefate kae iti d'aabate, waan inni guddo dureesatiifi.

Yesoni waan jara ufitiini jed'e, “Waan anini jed'u, Guddo jabaatti, aka dureeyiini Finna gubba argattu. Ammalle isaniti hima, Ira laaftu aka gaali qaa lime seenu, fulla dureeyiini Finna Waaqa argattu.”

Jari isaa waan kana d'ageennaani guddo mame waan jed'e, “Eentu dandae baafama re?”

Yesoni worra ilaale waan jed'eeni, Nami indandau, ammo Waaqi waan tokole indad'abu.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Atin durumma qabda? Afaan d'ibiin, jireenna kanke keessati eebiti yokhaan dandeetin yokhaan kennamsi atin qabdu tokolleen jira?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

- **Kaimtichi kunin nama akkami? Isa maan irra beenna? Amala isa irra? Gurra isa irra?**

  - Inni khaimticha dureesa ammalle durdeemaa. Inni akka herregeeti, seera ch’ufa la guute. Ila gumii duraati nama guddo dansaati, akka mumme odduu irrati arginuuti jari Yesollen guddo isa ulfeesse fakkaata. Dansooma isa guddisani herregani.

- **Waan kana irraati gurri isa akkam jira?**
    - Ajajamiisa, nama ulfeessu, durdeemumma, kara durumaatin la eebifame.
- **Namichi kaimtichi maan Yeso gaafate?**
- Huji dansa tami hojjachuu male akka jireenna hind'umanne argad'u?
- **Ilaalcha isa kha jireenna hind'umanne irra gaafin isa tunini maan nu garsiifti?**
    - Inni waan nami hojjate irra isaatin iti bahu sehe. Waan hujii ufiitin yokhaan ufiin argatu sehe.

- **Namichi kaimtichi maan jed'e Yeso yaame? Maanif?**
    - "Barsiisa dansa"; akka isa gammachiise yokhaan owwisuufi.
    - **Argachaa jireenna hind'umanne irra inni maan d'ugeefate jenne argina?**
        - Waan nami irre ufiitin iti bahu, hujii ufiitin yokhaan waan dansaa dubbachuuni argatan sehe. Yokhaan waan yo gurra dansa horatan argatan sehe. Yokhaan waan yo nami waan dansa narra herrege, Waaqilleen waan dansa narra herrega jed'an sehe!

- **Yeson maan jed'e deebiseef?**
    - Seera guuti!
    - **Atin waan Yesoni yo seera guute onfolti jireenna hind'umanne seenanin argatu seeta? Yo akkas hintain, inni maafi bifa tanaan gaafi deebisa re?**
    - Akkasiiniti, inni onnefi qalbi namicha beekhe. Inni akka inni hubbanna himmalle qabu garsiisu fed'e, akka inni baafama argachuufi waan himmalleeti hirkachuuti jiru. Seera guutu. Akka waan Yesoni isaani, "Eeyee, yo karaan Waaqan gammachiisani jireenna hind'umanne argatani kan taate, akkan tolchuu malte – kara gabaaban ajajamisan guuti!

- **Yesoni seera guuti jed'eeni jennaani, deebiin namicha maani? Deebin tunini eennumma isa irra maan nuti himti?**
    - Maan fa? Seera kami fa?
        - Inni waan dandeetti seera guutun ufiin qabu sehe. Inni waan tolchuu male ch'ufa toktokkoon mata keessa qaba.

- **Deebiin Yeso maani?**
    - Inni seera gugurda akka nami waliin jiraachu male iti hime- Inijeesini, algalooma hintolchini, inhatini, d'ara hindubbatini; abbeetifi haatetii saalafad'u; akka ufi jaalatu nama ch'ufa jaalad'u.
    - **SEERA JIREENNA kha akkami fa kha nulleen, Kristaani arra, akka worra "qajeela" taanu yokhaani akka "jireenna" argannuufi guunnu.**

- **Deebin namicha maani?**

- Anin waan kana ch'ufa ya tolche! Seera kana ch'ufa ya guute! MAAN D'IBII? Maantu narra hanqate?
    - **Deebii Yeso ta qara tana d'ageennani inni akkam d'agae?**
- Guddo gammade. Akka nama onfolti guddo argate! Inni waan guutuma guututi waan irra fed'ani ch'ufa qabaate sehe. Tunini haga qaraalle akka inni ufguddisu tolchiti!!

- **Inni seera Waaqa akkamiiti laale?**
    - Inni akka seera Waaqa guutu dandaaniti laale.
        - **Yo akkasi, wonti kunini hubacha isa ta waan qulqullooma Waaqa maan garsiifti?**
    - Tunini qulqullooma Waaqatu insalphifti. Akka qulqulloomi Waaqa waan ilmeen nama ufiin dandeete d'aqabde guutatu.
    - Inni maanifi waan seera ch'ufa guute uf sehe? Waan fula fed'an gae ufsehe? Inni waan nama d'ibiin wolbira ufqabefi.
    - **Deebiin Yesoo maani? Inni namicha khaimticha kana akkam irra d'agae?**
        - Inni guddo isa jaalate.
    - **Gorsa iti aanu kana inni akka isa madeesufi mo akka isa qarqaarufi kenneefi?**
        - Inni akka isa qarqaare, herrega isa jijiire, ammalle akka inni kara jireenna kha d'ugaa argatuufi gorsa kana kenneefi.
    - **Yo akkasi Yeson maan jed'e isa gorse?**
        - Atin yo QIT'AAU feete, waan ch'ufa gurgurii! Duuba atini horii gudda gubbaa argata. Duuba NA GULA DEEMI.
    - **Yesoni yo "Yo QIT'AAU feete jed'u" inni maan baana?** Waan daandi namichi khaimitichi jireenna hind'umanneeni barbaadachuuti jiru kana irra inni maan jechuuti jira?
        - Atini yo seera guutisaan jireenna hindumanne argachu feete, yo akkasi, akka d'ugaa qiteefate qit'e tau malte.

- **Yeson waan jed'eeni "waan ch'ufa gurguri." Khaimtichi fula tanaati akkam d'agae? Maanifi?**
    - Inni guddo laalefate. Jibaate deeme, waan inni qabeenna gudda qabuufi.
    - **Wonti kunini, khaimticha kana irra maan nuti himti?**

- Horiin isa guddo isaa irjirti qaba- Jireenna hind'umanne argachuuyu irra- wold'aqiisa Waaqa waliin mid'aafachuyyu irra.
    - Horiin maafi irjirti guddo isaa qaba?

- Inni guddo qabeenati hirkate- akka maqaafi gudda fi gurra guddaa argate bad'aadu.

- **Wonti kunini herrega isa kha jireenna hind'umanne fi qabeena gudda gubba jiru irra maan nu garsiifti?**
- Inni jireenna gubba suni waan inni gati guddo iti baasan suni gau hinseene.
- Inni waan wold'aqiisi nami Waaqa waliin qabu JIREENNA hinseene. Akka isaati jireenni hind'umanne, d'eerinna haala jireenna inni kees jiraachuti jiruu sehe. Akkas jechuuni, akka isaatti, onfoltiifi, jireenna dansaafi, maqaafi gurri dansaan inni qabu haguma jiru jireenna duraati deema.
  - **Mala keeti, waan jireenna hind'umanne Yesoni maan iti himuuti jira?**
- WOLD'AQIISA inni isa waliin qabu! Wold'aqiisa kana keessa durummaani nami takka inargini jirti. Wanti ch'ufti sii feesisa tana. Amaantanalle injirti! Durumaani tunini. Wold'aqiisi kunini!
  - **Eegi namichi isa bira deeme Yeson maan jed'e?**
    - Dureessi Mootummaa Waaqa seenuni guddo jabdu, isuma hintaatuyu (akkas jechuuni- gala qaa limmee seenuni wolfakeesan).
  - **Jari Yeso deebii isa suni irra maan jed'an?**
  - Eennu re nami baafamu dandau? (Yo namicha dureessa, ulfinna qabu, kha gurra laafa kana hintain?)
  - **Worru maafi akkas ch'ufa maadefate?** Wonti kunini d'ugeefachafi ilaalcha worra ta waan jireenna hind'umanne irra maan himti?
  - Akkuma namicha dureessa suni herregani. (KUNINI ILAALCHA LAFAATI!).
- Akka herrega worraati durummaa yokhaan durdeemmumma yokhaan maqaan guddaani yokhaan gurri guddaani, maani?
  - Akka worraati, wonti Waaqi nama eebisuufi, nama suniiti eeba suni male sehan.
    - Wonti kunini kara kamiini akka worri jireenna worraatii ufsodaatan tolchiti?
  - Yo bulchaan kaimtichi dureesi guddo dansoma kha hinqame tahe, akka worri hagasille hingeenne, herregani.
  - **Yeson jara isaatini kara kamiini deebii deebiseef?**
- Wonti namaan hintaane. Waaqan intaati!
- **Yesoni maan jechuufi waan kana jed'e? Mala keeti, Yesoni akka seera jabeesu malani irra maan jed'e akka daandi baafama yokhaani jireenna hind'umanne keessati?**
    - Yeson waan jed'u, KARAAN kunin HINTAU! Namaan hintaatu! Waaqa ch'allaati seera guutu dandaa! (Namichi "Barsiisa dansa" jennaani, me waan Yesoni jed'een qaabd'u. Inni waan ufi maan dubbate? Anin Waaqa jed'e!) Akkas jechuuni, Yeso ch'allaati dandae guutamsaani seera guuta! Waaqa ch'allaati nama baasu dandaa. Yo Waaqi nam tahe seera NAMAA jabeesse ch'allaa, AMMALLE yo nami abdi isa ch'ufa kha seera guutu dandau irra keeyyate ch'allaa, dandae namii baafama yokhaan jiraata!

- **Yo akkasi, karaan lama kha nami jireenn argatuun, kha oduu tan keessati arginu kami? Karaan**

**Hujii irra oolu dandau khami?**

1) Ufiiti hirkachuu- akka ufiin seera guuttu.
2) Waaqafi karaa inni mid'aaseti hirkachuu. Tan ch'alaati taha!

- **Durummaani namicha kana waan isa qarqaare mo waan isa madeesse? Horiin kara kamiin isa madeesse?**
    - Horiin Baasa isaa feesisu irra d'osse. Inni ufiiti abdachuu iti gammade.
- **Waaqi durumma hinjibba? Waaqi akka nami qabeenna isa ch'ufa gurgure iyyees tahe akkanaani isa gula deemu hinfed'a? Yosi re, maafi Yesoni khaimtichaan "ch'ufa gurguri" jed'eeni? Maani wonti Yesoni onne namicha keesati beekh, ta akka inni akkana deebisu tolchite?**
    - Akka namichi qabeenna irra onne keeyyate imbeekhe – akka horiini rakko isa keesati qarqaare, akka horiin isa gurra dansa kenneefi, akka horiin isa qulqullicha tolche akka inni akka nama male ufi laalu tolche.
- **Yo akkasi, Yesoni yo "dureessa" jed'u maan jechuu jira? "Durumma" jechuuni qabeenna jechuu?**
    - Akkasiiniti, inni "durumma" akka akaa irra dubbachuuti jira, eebba akka akkaa, waan akka akkaa kha nami Waaqa irra iti hirkatu akka Waaqa duraati qulqullaau.
- **Fakkeenni "durummaa" ta atini jireenna nama irraati herreguu malte tami?**
    - Looni, qabeenna, baranoota, gurra dansaa, amala dansaa, guddiinna mana Waaqa yokhaan gumii keesati, dandeettii mo, kennamsa. Qabti dansa, beekkamuu, ogummaa, fud'atamiisa nami si fud'atu, ch'arraa, ajajamiisa mo, huji tante.
- **"Durummaani" akkana tunini jireeenna Kristiyaana keesati rakkoon d'ufu dandeetti?**
    - Eeeti! Nu dandeenne iti hirkanne, Waaqa "keess jiraanna" akka eebifamnu, akka gurra keenna jabeefannu, akka qulqulloomnu. Wonti kunini dandeette WOLD'AQIISA nu Waaqa waliin qamnu yakkiti! Yesoni akka nu isaati hirkannu fed'a, akka nu fula isa eeba teennati, yokhaan kennamsa keennati, yokhaan dandeetti teennati hirkannu hinfed'u. Waan kana ch'ufaati galateefachuu malle, eehe! Akka Waaqan ulfeesinu, eehe! Ammo akka baafamaa keennani himbarbaadanne.
- **Waan seeraa ajajamani jireenna argatani irra wonti nami hubachuu dad'abe maani?**
    - Sadarkaan Waaqa guddo olaantii. QIT'OOMA. (Matayo 5:20,21,22, 27,28,43,44 DUBBISI). Tanaafi, nami dandae qi'tommani sadarka Waaqa kana guutatu hinjiru.
    - Ilmeeni nama jabeennafi, amalaafi, dandeetti ufiiti hirkachuuni "hindandaamtu."

- **Jari Yesoo guddo abdi d'abe! Abdiin Yesoni worraa kenne tami? Wonti worri Waaqa irra inhubatin maani?**
    - "Waaqan, wanti ch'ufti intaati!" Naasun Waaqa guddoo ta qalbi fi herrega teenan olii. Naasun Waaqa guddoo nama "dureessa" kha "durummaan" wold'aqiisa isaatifi ta Waaqa yakkitelle inni imbaasa. Waaqi nama "durumma" ufiiti inirkanne kha karaa Baasan baasuti abdatu, inni imbaasa.

- ***Gabaabdu gula- Wonti Waaqi nuuni ch'ufaan jechuuti jiru, "durummaan tante" wold'aqiisa naafi si jiddu jira hid'uuti jirti. "Waan kanke ch'ufa gurguruu" malte, akka atini durumma dansa narra baatu abdattu. Yo akkasi, NAGULA DEEMI. Nawolliin jiraad'u. Na keessa jiraad'u. Naani jabaadu. Nakeessa boqod'u.***

  <u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:

- **Yo hedduu irre nu dansooman hojjannuuti nu soba?**
    - Irree teenan seera kanisaatifi kha Kitaaba Waaqa ch'ufa guutu iti gamna (yokhaan seera mana baranootati fi kha aadaa) kha waan onfolte ufi seetu? Kha waan seera guutu ch'ufa guutte ufi seetu?
    - **Ammo d'ugaan seera guutiti maani?** (atin takkuma d'arra hamtuun guutamte yokhaan nama jibbite yokhaan nama hamate yokhaan ufguddifte? (silaaftu layyu waan kana ch'ufa tolchite!) Atin takkuma nyaapa keeti kad'atte? Wann heddu d'ibii). Waaqi d'ugumaan maan nurra fed'a?

- Yeson nuu ch'ufaan akkan jed'a, "Ch'ufa gurgurii!" Herregi keeti "Ch'fa gurgurii" jechuun mann jechuu?

- **Waaqi akkam sirra d'agaa?** (Me herregi, yo kaimtichi sunini qulqulloomi isaa isa sobe, Yesoni akkam d'agae?). Wonti atin TOLCHU dandeetu tokolleen jirti akka inni haga qara irra si jaalatu? HIYYO! Wonti kunini akkam si da'geesiftii? Akka atin maan taatu si tolchiti? Atin jaalala isa isa guddo tana akkam iti owwaachuu malte?

  <u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u> (Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **"Durummaan lafa" ta atin jireenna kanke keessati qabdu tami?** Qabeenna? Dandeetti? Maatii? Barnoota? Fayyaa nafaati? Gurra dansaa? Barchuma gugurdaa kanisaatifi kha gumii balLutui? Onfoltii yokhaan hujii dansaa? Wonti kunini kara kamiin **si sobdee**, akkan jechuun, **waan si quubsa kha akka atin qarqaarsaaf araaraf Yeeso hinlaalle si tolcha? Atin waan kana gurgurachuun kanke maan fakkaati?**

- Waan dansa kami lakkisuu malte? Akkan jechuun **d'iyoo tana hujiin dansaan tante ufguddisiiti ch'ubbuu siti taate jirti?** Atin kara kamiin dandeette araara galta?